“Dadhabbiin, dhukkubni, yaaddoon, gaddii fi miidhaan kamiyyuu muslima tokko hin mudatu, hanga qoree isa waraanu gayuutti Rabbiin sababaa sanaatiin dilii isaa irraa buusu malee.”

Abuu Sa`iid al-Khudrii fi Abu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: “Dadhabbiin, dhukkubni, yaaddoon, gaddii fi miidhaan kamiyyuu muslima tokko hin mudatu, hanga qoree isa waraanu gayuutti Rabbiin sababaa sanaatiin dilii isaa irraa buusu malee.”

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhukkuba, yaaddoo, gadda, rakkina, balaa, sodaa fi beela irraa wanni muslima mudatu -hanga qoree isa waraantee isa laalessitu gayuutti- sun dilii isaatiif kaffaaraa isaaf ta'ee badii isaa akka isa irraa buusu ibsan.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3701